

Yaadannoo Gabaabaa(Quick Reference)

Barnoota Saayinsii Hawaasaa

Kutaa 5^{ffaa} Seemisteera 2^{ffaa}

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

Qopheessitoonni- Baqqalaa Qana'aafi

Abarraa Kabbaboo

Bil. 0911820463/0913623949

Bitootessa, 2012

Finfinnee

Seensa

Qabiyyeen barnootaa gulantaa barnootaa kamiifuu qophaa'u tokko barumsichaa xumuruuf yeroo hammam akka fudhatuufi umrii barattootaa ilaalcha keessa galchuun kan qophaa'udha. Sirni barnootaa akka naannoo keenyaatti gulantaa barnootaa hundaaf qophaa'ee baru-baesiisuun geggeeffamaa jiraachuun isaa nibeekama.

Haata'u malee, weerara Koovid-19 (Vaayiresii Koronaa) bara kana biyya keenyaafi addunyaa guutuutti uumame irraan kan ka'e naannoo keenya keessatti barumsi sadarkaa tokkoffaafi sadarkaa lammaffaa turtii ji'a tokkoo gadi hintaaneef akka addaan citu tahee jira. Kun immoo, qabiyyee barnootaa yeroon xumuruu irratti dhibbaa guddaa waan geesisuuf Biirtoon Barnootaa Oromiyaatti Daayirektooreetii Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa kitaaba barnootaa amma hojiirra jiru bu'uura godhachuun yaadannoo gabaabaa (Quick Reference) qopheessee jira.

Haaluma kanaan, rakkoo kana furuudhaaf, yeroo hafe keessatti xumuruun akka danda'u Biirto Barnootaa Oromiyaa qabiyyee barnootaa jiru bifa gabaabaa taheen cuunfuun dhiyeessee jira. Kanaafuu, yeroo gabaabduu nu hafte kana keessatti xumuruun akka danda'amu manneen barnootaa haala qabatama mana barumsaa isaaniin walsimsiisuun yaadannoo gabaabduu ka'umsaaf qophaa'ee ergama kana kitaaba barattootaan wal bira qabuun/ walsimsiisuun itti fayyadamuun barbaachisaa taha.

Kana malees, barattoota qorumsa naannoofi biyyoolessaa fudhataniif xiyyeffannoo addaa kennuun deeggaarsi addaa godhamuufii qaba. Dabalataanis, yaadannoo BBO irraa ergame biratti dabalataan barsiisonni yaadannoo adda addaa barattootaaf qopheessuun barattoonni akka shaakalan gochuun dhimma murteessaadha.

Baafata

Fuula

Boqonnaa 3

Naannoo Keenya

3.1. Gosoota Biqiltoota Uumamaa, Bineensota Bosonaa	
Beekamoofi Barbaachisummaa Isaanii -----	4
3.2. Barbaachisummaa Biqiltoota Uumamaa fi Bineensota Bosonaa-----	9
3.3. Dhiibbaa saffisaan baay’achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota	
uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu-----	13
3.4. Cuunfaa-----	17

Boqonnaa 4

Ajandaa Uummataa

4.1. Babal’ina HIV/AIDS Ardii Afrikaa -----	23
4.2. Baay’ina Uummataa-----	25
4.3. Hiyyummaa-----	28
4.4. Mirga Dhala Namaafi Nageenya-----	28
4.5. Rakkoo Bulchiinsa Gaarii Ardii Afrikaa -----	31

BOQONNAA 3

Naannoo Keenya

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- ❖ Gosoota biqiltootaa uumamaa, bineensota bosonaa beekamoo fi karaalee ittiin kunuunfaman ni ibsita.
- ❖ Dhibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa guddina biqiltootaa uumamaafi bineensota bosonaa irraan gahu ni ibsita.

3.1. Gosoota Biqiltoota Uumamaa, Bineensota Bosonaa Beekamoo Fi Barbaachisummaa Isaanii

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- ❖ Gosoota biqiltoota uumamaa Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa keessatti argamanii addaan ni baafatta.
- ❖ Bineensota bosonaa beekamoo Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaatti argaman maqaan ni tarreessita.
- ❖ Garaagarummaa bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofaa fi bineensota naannoo gaafa Afrikaatti argamanii ni ibsita.
- ❖ Barbaachisummaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Itoophiyaa fi naannoo gaafa Afrikaa kunuunsa godhamuufi qabu ni ibsita.
- ❖ Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu ni tarreessita..
- ❖ Maloota beekamoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa ittiin kunuunsan ni tarreessita.

Gosoota biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa beekamoo

Biqiltoota uumamaa jechuun maal jechuudha?

Bosona, micireewwan, margaa fi kanniin biroos kan uumamaan biqilanii argaman hundi biqiltoota uumamaa jedhamu. Kana malees, biqiltuuwwan akaakuu adda addaa harka namaatiinis dhabamanii ni guddatu. Biqiltoonni uumamaas ta'anii harka namaatiin dhaabamanis amala mataa isaanii qabu.

Biqiltoonni lubbu-qabeeyyiidha. Biqiltoonni bakka jiranii yookiin itti biqilanii akka lubbu qabeeyyii biroo deemuu hin danda'an. Biqiltoonni lubbu qabeeyyii waan ta'aniif waan sooratan yookiin nyaatan barbaadu. Biqiltoonni nyaata isaanii kan argatan ammoo biqiltuuwwan bifa (halluu) magariisaa qaban humna biiftuutti gargaaramuun bishaan, kaarboondaayi'oksaayidii fi aluuddan irraa waan nyaatan hojjachuudhaan. Adeemsi qophii nyaata biqiltoonni magariisaa ittiin qopheessan **footoosinteesisi** jedhama. Nyaanni qopheessan ammoo **kaarboohayidireetii** jedhama. Biqiltoonni magariisaa nyaata isaanii qopheeffachuuf wantoonni armaan olitti ibsaman guutamanii argamuu qabu. Wantoota

qophii nyaataatiif barbaachisan keessaa tokko yoo dhabamee fi yookiin yoo xiqqaate hamma barbaadamuu gad ta'e guddina biqiltootaa irratti dhiibbaa guddaa uumuu danda'a. Biqiltuuwwan guddachuuf wantoonni barbaachisan gurguddoon **tempireechara bishaan, biyyee fi qilleensa**. Yoo hammi tempireechara naannoo yookiin bakka tokkoo 6°C gad ta'e biqiltuuwwan guddachuu hin danda'an.

Addunyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa qabdi. Addunyaa keessatti naannoowwan biqiltoonni itti biqiluu danda'an bakkeewwan tempireechara 6°C ol qabanii fi hamma tempireechara biqiltuuwwan akaakuu adda addaa barbaadan yoo argatan biqiltuuwwan haala wal irraa hin cinneen guddachuu ni danda'u. Hammi tempireecharaa 6 °C gad yoo ta'ee fi hamma tempireecharaa biqiltuuwwan barbaadanii olis yoo ta'e guddina biqiltuu irratti rakinni ni uumama. Bishaan akkuma lubbu-qabeeyyii birootiif barbaachisu guddina biqiltoota hundaafis barbaachisaadha. Naannoolee bishaan hin jirretti biqiltoonni biqiluu hin danda'an. Bakkeewwan hanqina bishaanii qaban irratti guddinni biqiltootaa saffisaa miti. Biqiltoota uumamaan qaama dachee irratti biqilaniif bishaan kan argamu roobaa irraayi. Bakkeewwan waggaa keessatti hamma roobaa guddaa argatanitti bosona yookiin biqiltuuwwan heddumminaan kan argaman yoo ta'an, bakkeewwan hanqina roobaa qabanitti ammoo biqiltuuwwan micireewwanii baay'inaan argamu.

Biqiltoonni akkuma hamma tempireechara garaagaraa barbaadan hammi roobaa barbaadanis garaagarummaa ni qabaata. Biqiltoonni naannoolee bosona jiidhaa roobaa keessatti argaman guddachuuf waggaatti hamma roobaa 1500 mm ol barbaadu. Karaa biraatiin ammoo naannoolee gammoojjii oo'aa keessatti biqiltoonni biqiluuf hamma roobaa waggaatti 250 mm qofa waan argataniif akka biqiltoota naannoo bosona jiidhaa roobaatti guddachuu hin danda'an. Biqiltuuwwan naannoolee lamaan ibsaman kanniin keessatti argaman heddumminaan, guddina qaamaatii fi gosaanis wal hin fakkaatan. Biqiltuuwwan guddachuuf wanti barbaachisaan tokko biyyeedha. Haa ta'u malee, biyyee akaakuu tokkoo irratti biqiltoonni akaakuu maraa biqiluu hin danda'an. Biqiltoonni akkuma hamma tempireecharaa fi bishaanii mataa mataa isaaniitiif barbaadan biyyee irratti haala gaariin biqiluu kan danda'an yoo hamma fi akaakuuwwan albudootaa mataa isaaniitiif barbaachisan qofa keessatti argatanidha. Fakkeenyaaf, biqiltuuwwan tokko tokko albuuda foosfarasii, albuuda salfeetii fi kanniin biroos ammoo albuuda naayitireetii barbaaduu ni danda'u. Gosti biyyee heddudha. Isaan gurguddoon ammoo biyyee suphee, biyyee cirrachaa fi biyyee loomii jedhamuun bakka

gurguddoo saditti qoodamu. Akaakuuwwan biyyee kunniinis amala mataa isaanii qabu. Biyyeen cirrachaa bishaan of keessatti qabatee tursiisuu hin danda’u. Biyyeen suphee ammo bishaan haala salphaan waan keessa dabruu hin dandeenyeef yeroo roobaa walqabachuun ni dhoqqaa’a. Yeroo bonaa ammoo ni dhodhoo’a. Akaakuuwwan lamaan biyyee kun guddina biqiltootaaf mijaa’ina hin qaban.

Biyyeen guddina biqiltoota adda addaatiif mijaa’ina qabdu jiddu galeessatti biyyee wal makaa biyyee suphee fi biyyee cirrachaa of keessaa qabdu yoo taa’u, biyyee “loomii jedhamuun beekama. Biyyeen loomii kun bosbosa (kosii) lubbu qabeeyyii adda addaa of keessaa qaba. Biyyeen loomii akka biyyee cirrachaa bishaan of keessa hin dabarsu. Akka biyyee suphee ammoo bishaan of keessatti osoo hin kuufne hamma bishaan guddina biqiltootaatiif barbaachisu waan of keessatti qabatuuf guddina biqiltootaatiif mijaa’aadha. Biqiltoota uumamaa bakka gurguddoo saditti qooduun ilaaluun ni danda’ama. Isaanis, bosona, margaa fi micireedha. Faca’insa biqiltoota uumamaa wantoota to’atan keessaa haalli qilleensa baramaa isa tokkoodha. Fakkeenyaaf, garaagarummaan ol ka’iinsa haala teessuma lafaa naannoo yookiin biyya tokkoo haala teessuma lafaa adda addaa irratti biqiltoonni akaakuuwwan adda addaa akka biqilan taasisa. Yaada kana irratti hundaa’uun faca’iinsa biqiltoota uumamaa Itoophiyaa yoo ilaalle dhugaa kana hubachuu dandeessa. Kunis, Itoophiyaa keessatti gosoonni biqiltoota naannoo gammoojjii, gammoojjiitti siqu (semi desert), lafa caffaa’aa irraa kaasee hanga biqiltoota naannoo diilallaa’aa ta’an keessatti margantu argamu.

Waan kana ta’eef biqiltoota uumamaa Itoophiyaa bosona, lafa margaa fi biqiltoota gammoojjii oo’aa jedhamuun bakka gurguddoo sadiitti qoodamu. Bosona jechuun mukkeen gurguddoo akaakuuwwan adda addaa naannoolee rooba gahaa argatan keessatti heddumminaan argamanudha. Itoophiyaa keessatti naannooleen bosona heddummataan itti argaman naannoolee lafa baddaa kibba-dhihaa fi naannoolee lafa baddaa Kibba-bahaati. Bosona lafa baddaa kunniinis bakkeewwan ol ka’iinsa teessuma lafaa 1400–2500 m qaban irratti argaman. Itoophiyaan haala teessuma lafa adda addaa qabdi. Haalli kun ammoo Itoophiyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa fi biqiltoota akaakuuwwan adda addaas baay’inaan akka qabaattu taasissee jira. Kanas chaartii armaan gadii irraa ilaaluun hubachuuf yaali.

Gabatee 3.1: Haala ol ka'iinsa Lafaa fi Faca'iinsa Qilleensa Baramaa

Ol ka'insa lafaa (metiraan)	Maqaa Naanoo Qilleensa Baramaa		Hamma hoo'aa jiddu galeessaa (°C)
	Akka Addunyaatti	Akka Itoophiyaatti	
Meetira 3300 fi isaa ol	Alpine	Diilallaa'aa	10°C gad
Meetira 2300–3300	Temperate	Baddaa	10°C–15°C
Meetira 1500–2300	Sub-Tropical	Badda-daree	15°C–20°C
Meetiraa 500–1500	Tropical	Gammoojjii	20°C–30°C
Meetira 500 gad	Desert	Gammoojjii oo'aa	30°C–40°C

Gosoonni bosona Itoophiyaa bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis bosona lafa baddaa fi bosona lafa dakeeti. Bosona Itoophiyaa naannoolee lafa ol ka'oo ta'an irratti argaman:

(a) Bosona mukkeen baala babaldhaa qabaachuun beekaman: Bosona kun baala babaldhaa fi lalisaa ta'e qaba. Irra caalaatti kan biqilanii argaman naannoolee waggaa rooba guddaa argatan keessatti. Itoophiyaa keessatti bosona akaakuu kanaa baay'inaan naannoolee, akka Iluu Abbaa Booraa, Wallaggaa, Kafaa fi Jimmaa keessattii argama. Naannooleen bosona kun itti argamu jiddugaleessatti bakkeewwan ol ka'insa 1500–1800m qaban irratti. Mukkeen bosona kana keessatti argaman baay'ee ol dhedheeroodha. Bosonni kun madda biqiltuu bunaa ta'uunis ni beekama. Mukkeen jajjaboon bosona kana keessatti argaman Siigeda (Muka gurraacha). Waddeessa, Qaraaruu, Hoomii, Sukkee, fi Ejersa fa'a.

(b) Bosona mukkeen baala harcaafatanii: Itoophiyaa keessatti bosonni kun baay'inaan kan argamu naannoolee qilleensa oo'aa dhiha Itoophiyaatti argaman keessattidha. Mukkeen bosona kana keessatti argaman waqtii bonaa baala isaanii harcaafatuun bishaan qaama isaanii keessaa hurkaan bahuun akka hin badne qusatu. Bosonni kun mukkeen akka odaa fi qilxuu baay'inaan qabaachuun beekama.

(c) Bosona Mukkiin Birbirsaa: Bosona kana keessatti biqiltoonni naannoo qilleensa oo'a jiddugaleessa qaban keessatti biqiluu danda'anitu baay'inaan argama. Itoophiyaa keessatti akaakuwwan bosona kanaa baay'inaan kan argamu naannoolee Wallaggaa, Baalee, Arsii fi godinaalee Harargee keessatti. Mukni guddaan bosona kana keessatti beekamuu fi baay'inaan argamu muka birbirsaa. Bosona muka birbirsaa kun bakkeewwan ol ka'insa 1500m qaban irratti haala gaariin biqilee argama.

(d) Bosona mukkiin naannoolee qilleensa diilallaa'aa: Itoophiyaa keessatti bosona kun kan argamu bakkeewwan sirrii galaanaa irraa ol ka'insa 2000 m ol qaban irrattidha. Bosonni kun Itoophiyaa keessatti baay'inaan kan argaman naannoolee baddaa Kibba-bahaa (Arsii, Baalee

fi Harargee) fi bakkeewwan ol ka'oo naannoo jiddu-galeessa Kaabaa keessatti fa'a. Mukkeen bosona kana keessatti baay'inaan argaman mukkeen Hindheessaa yookiin Gaattiraati.

Bosona Lafa Dakee: Itoophiyaa keessatti bosona naannoolee lafa dakee sulullan laggeenii keessatti argama. Bosona sulula laggeenii kunniin baay'inaan kan argamu laggeen gurguddoo akka Laga Waabee, Laga Gannaalee, Laga Hawaasii fi laggeen gurguddoo biroo keessattidha. Gosoonni mukkeen baay'inaan bosona kana keessatti argamanis odaa fi qilxuudha.

Lafa margaa: Itoophiyaa keessatti naannooleen lafa margaa baay'inaan kan argaman bakkeewwan lafa baddaa baroota durii bosona oo'aa jiddu galeessa qabaniin uwwiifamanii argaman irratti. Gosoonni margaa garaagaraa, marga dhedheeroo fi gaggabaaboo akkasumas mukkiin dabranii dabranii of keessaa qaban naannoolee gaarreenii fi labbaawwan gaarreenii irrattis ni argamu.

Biqiltoota Gammoojjii oo'aa: Itoophiyaa keessatti biqiltoonni akkanaa kunniin kan argaman naannoolee qilleensa baramaa gammoojjii oo'aa fi gammoojjii oo'atti dhiyaatan keessattiidha. Bakkeewwan kunninis baay'inaan kan argaman naannoo lafa diriiraa Baarkaa, lafa gad dhooqaa Danaakil kan naannoo Affaar keessatti argamu fa'atti. Naannooleen kunniin hamma rooba waggaa guddina biqiltootaaf barbaachisan gahaa ta'e hin argatan. Haa ta'u malee, biqiltoonni naannoolee kanniin keessatti argaman micireewwan dheerina adda addaa qaban, biqiltoota mukkeen gaggabaaboo fi marga baay'ee gaggabaaboo ta'anitu biqilee argamu. Akkuma beekamu Itoophiyaan naannoo qilleensa baramaa oo'aa (Tropic) jedhamu keessatti argamti. Haa ta'u malee, haala teessuma lafaa olka'iinsa adda addaa waan qabduuf irra caalaatti haalli oo'insa qilleensa ishii jiddu galeessaa akka ta'u gargaareera. Akkasumas, naannoolee Baha Afrikaa keessatti naannooleen gaarreenii fi pilaatoowwanii baay'inaan waan argamaniif akaakuuwwan biqiltoota wal fakkaatanii akka qabaatan ta'anii jiru. Itoophiyaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa fi biqiltoota akaakuu adda addaa qabdi. Haalli kun ammoo Itoophiyaa keessatti bineensonni bosonaa adda addaa baay'inaan akka argaman carraa guddaa kenneefii jira. Biqiltoonni uumamaa maandhee yookin bakka jireenya bineensota adda addaa ta'uun tajaajila kennu.

Bineensota bosonaa kan jedhaman lubbu-qabeeyyii xixiqqoo irraa kaasee hanga bineensota gurguddootti kanniin jiranii fi to'annaa dhala namaatin ala kanneen jiran hunda of keessatti ammata. Isaanis, hoosiftoota, allaattiiwwan, qurxummiiwwan, kanniin lafa irra looyanii fi lubbu qabeeyyii xixiqqoo adda addaa fa'a.

Itoophiyaa keessatti naannoolee hundatti bineensota argaman keessaa kan akka waraabessaa, jeedalaaf fi jaldeessonni adda addaa baay'inaan argamu. Naannoolee lafa diriiraa savaanaa qabaniif fi bakkeewwan fageenya irratti argaman ammoo bineensonni bosonaa kan akka

arbaa, roobii, sattawwaa, qeerransaa fi sardiidaa fa'a baay'inaan argamu. Naannoolee lafa diriiraa dhihaa keessatti sattawwaan, arbi, gafarsifi sardiidni baay'inaan argamu. Akkasumas, naannoolee lafa diriiraa kibba bahaa keessatti leenca, qeerransa, saalaa, qorkee fi kanniin biroos baay'inaan argamu. Kana malee, naannoo harawwan sulula Qiinxamaa Guddaa keessattis allaattiiwwan babbareedoo fi qalbii namaa harkisan (hawatan) baay'inaan argamu. Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman keessaa Gadamsa (Niyaalaa), Waaliyaa Ayibeeksii, Jeedala diimtuu fi Jaldeessa daabee kanniin jedhaman akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Bineensonni bosonaa kunniin Itoophiyaa keessattillee naannoolee hundatti faca'anii hin argaman. Jeedala diimtuu fi Jaldeessi daabee naannoolee lafa baddaa keessatti faffaca'anii argamu. Waaliyaa Ayibeeksiin naannoo gaarreen Kaabaa Simeen maasiif jedhaman keessatti argama. Godamsi (Niyaalaan) ammoo gaarreen naannoolee Arsii Baaleetti argama.

3.2.Barbaachisummaa Biqiltoota Uumamaa fi Bineensota Bosonaa

Biqiltoonni uumamaa faayidaa adda addaa dhala namaatiif kennu Isaanis:

Madda nyaataa ta'uun: Biqiltoonni uumamaa madda nyaataa ta'uun fakkeenyaaf baala, daraaraafi hiddi biqiltoota fi sanyii midhaan adda addaa argamsiisuun faayidaa guddaa kennu.

Madaala uumamaa eeguu: Biqiltoonni uumamaa wantoota uumamaan naannoo keessatti argaman yoo ta'an, madaallin Sirna Ikkoo akka eegamu ni taasisu. Naannoon miidhaagina akka qabaatus ni gargaaru.

Madda qo'annoo fi qorannoo ta'un: Biqiltoonni uumamaa madda biqiltoota qorichaa yookiin dawaa adda addaati. Kana malees, madda qo'annoo fi qorannoo saayinsiitiifis tajaajila guddaa kennu.

Maandhee bineensotaa ta'un: Biqiltoonni uumamaa maandhee yookiin bakka jireenya bineensota bosonaa fi lubbu-qabeeyyii adda adda ta'uun tajaajila guddaa kennu. Haala qilleensa baramaa, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa jidduu hariiroo addaan hin cinnetu argama. Kunis, naannoon tokko qilleensa baramaa jireenya lubbu-qabeeyyii adda addaatiif mijaa'ina yoo qabaate biqiltoonni uumamaa baay'inaan fi akaakuuwwan adda addaa marguu danda'u.

Biqiltoonni adda addaa baay'inaan jiraachuun bineensonni bosonaa, mixiwwan xixiqoo, irraa kaasee hanga hoosiftoota gurguddootti argamanii fi allaattiiwwan adda addaa akka jiraatan taasisa. Biqiltoonni uumamaa yookiin bosona naannoo tokko keessatti haala gaariin jiraachuun lolaan bishaan roobaa akka biyyee haree hin balleessine gargaara. Biqiltoonni biyyee hidda isaaniitiin hammatanii qabuu fi biyyeen humna bubbeetinis ta'ee lolaa yaa'uun

akka haramtee hin deemne akka uffatatti itti golgamuun ittisu. Kana malees, bishaan roobaa akka suuta suutaan biyyee keessa gad seenuu fi haala hurkaatiin gara qilleensaatti deebi'ee akka hin badne taasisu. Haalli kun ammoo bishaan keessa dacheetti akka kuufamu gahee ol aanaa qaba. Biqiltoonni bineensota bosonaatiif akka madda nyaataatii fi maandhee yookiin bakka jireenyaa ta'uun tajaajila kennu. Bineensonni bosonaa tokko tokko biqiltoota uumamaa nyaatu. Bineensonni bosonaa gariin bineensota bosonaa yoo nyaatan gariin isaanii ammoo biqiltootaa fi bineensota nyaatu.

Bineensonni bosonaa biqiltoota nyaatan herbiivoorasii (herbivores) jedhamu. Fakkeenyaaf hardidaa fi sattawaa. Bineensonni bosonaa bineensota biroo nyaatan Kaarniivoorasii (carnivores) yoo jedhaman fakkeenyaaf leenca. Bineensonni bosonaa biqiltootaa fi bineensota biroo nyaatan ammo Omiinoovaarasii (Ominvore) jedhaman.

Qabeenya uumamaa dhala namaa uummamaan badhaafame keessaa tokko bineensota bosonaati. Bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuun qabeenya uumamaa birootiif kunuunsa godhuu jechuudha. Bineensota bosonaatiif kunuunsa godhuun kan barbaachiseef faayidaan isaan dhala namaatiif kennan guddaa waan ta'eefidha. Bineensonni bosonaa akkuma biqiltoota uumamaa dhala namaatiif faayidaa guddaa kennu Isaans:

Madda nyaataati: Bineensonni bosonaa guddina dhala namaa keessatti gumaacha guddaa akka qaban ragaaleen seenaa ni ibsu. Baroota durii namni biqiltoota uumamaa irraa daraaraa, baalaa fi hidda isaanii funaanuun nyaataa akka ture ni beekama.

Adeemsa haala jireenya keessti suuta suutaan dhalli namaa bineensota bosonaa xixiqqoo adamsuun akka madda nyaataatti fayyadamuu eegale. Suuta suutaanis ilmoolee bineensotaa qabee madaqsuun gara beeyladooatti jijjiiruun itti fayyadamaa ture. Haalli kunis akkaataan jireenya dhala namaa akka fooyya'u taasise.

Madaala Uumamaa eegun: Bineensonni bosonaa wantoota qaama naannoo uumamaa jedhaman keessaa isaan tokko. Uumamaan bineensonni bosonaa faayidaa qaban yookiin faayidaa hin qaban wanti jechisiisu hin jiru. Haa ta'u malee, haala ilaalchaa fi hubannoo namaatiin bineensonni bosonaa miidhaas ni geesisu, faayidaas ni qabu, jedhamee amanama. Bineensonni akka leencaa fi qeerransaa yeroo baay'ee sababa adda addaa irraa kan ka'een nama irraan miidhaa geessisuu danda'u jedhamee yaadama. Gama biraatiin ammoo bineensonni kunniin bineensota akka karkarroo, jaldeessaa ta'an oomisha qonnaa balleessan, bineensota baala nyaatanii fi dadadhaboo madda dhibeewwan adda addaa ta'an dhabamsiisuun dhibeewwan beeyladoo miidhan akka ittifaman taasisu. Karaa sirna uumamaatiin bineensonni bosonaa beeyladoo caalaa baay'ee wal horu. Haa ta'u malee, bineensonni bosonaa kunniin tokko isaan birroo waan nyaataniif madaala uumamaa eeganii

jiratu. Bineensota bosonaa miidhaa geessisan guutumaa guututti balleesuun rakkooleen biraas akka uumaman taasisuu danda'a. Qoricha ilbiisotaatti fayyadamuun lubbu-qabeeyyii midhaa geessisan qofa osoo hin taane kanneen faayidaa kennanis miidhuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, kanniifni yoo bade dammi ni dhabama. Kanaafuu, bineensonni bosonaa madaala uumamaa naannoo eeguu keessatti gahee ol aanaa qabu.

Bineensonni bosonaa madda qo'annoo fi qorannoo ta'uu: Bineensonni bosonaa madda saayinsiifi barnootaa ta'uun tajaajila guddaa kennu. Qorannoowwan bineensota akka jaldeessaa fa'a irratti adeemsifaman waa'ee qoricha adda addaa, qo'annoo hawaa fi lafa irratti adeemsifamaniif madda guddaa odeeffannoo ta'uun faayidaa guddaa kennu. Kana malees, amallan bineensota bosonaa qorachuun gara fuulduraatti baay'ina beeyladoo dabaluu fi gargaaru jedhamee ni amanama.

Bineensonni bosonaa miidhaagina naannootiif gargaaru: Bineensonni bosonaa biyyi takka akka bareedduu fi nama jaalachiiftu godhuu keessatti bakka guddaa qabu. Namoonni biyyoota adda addaa keessatti bineensota bosonaa ijaan ilaalu fi adamoof fageenya kilomeetira kumaatamaan shallagamu deemuun qalbii isaanii of gammachisu. Kun ammoo biyyoonni qabeenya bineensota bosonaatiin badhaadhan galii guddaa akka argatan isaan gargaara. Bineensota bosonaa kunuunsuu fi akka misooma dinagdee keessatti gumaachan taasisuuf tarkaanfiiwwan adda addaa fudhatamuu qaba. Bineensota bosonaatiif kunuunsa godhuuf dursanii waa'ee haala isaanii irratti qorannoo adeemsisuun barbaachisaadha. Kunis, baay'inaa fi akaakuuwwan bineensota bosonaa beekuu, bakka jireenya isaanii addaan baafachuu fi waqtii wal hormaata sanyiiwwan bineensota bosonaa kanniin adda addaa beekuun barbaachisaadha.

Iddoo jireenya bineensota bosonaa eeguu baay'ee barbaachisaadha. Bineensonni bosonaa, naannoolee bosona fi biqiltoota uumamaa maandhee yookiin bakka jireenyaa godhachuun keessa jiratu. Ciramni bosonaa fi biqiltoota uumamaa akka bineensonni bosonaa jireenya isaanii gad dhiisanii badan taasisa. Kun ammoo bineensonni bosonaa bakka jireenya isaanii gad dhiisanii baduu qofa osoo bin taane badiitii sanyii isaaniitiifis gahee guddaa qaba. Kanaafuu, bosonaa fi biqiltoota uumamaa kunuunsuu jechuun bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuu akka ta'es hubatamuu qaba.

Adamoo seeraan alaa to'achuun bineensonni bosonaa akka jiraachuu danda'an taasisuudha. Bineensonni bosonaa dimshaashaan adamfamuun ajjeefamuu hin qaban. Keessattuu, ilmoolee fi haadhootii kanniin ta'aniif xiyyeeffannaan kennamuufii qaba. Kun ta'uu baannaan bineensonni bosonaa baay'inaan dhumuu danda'u. Haalli kun ammoo

miidhaa guddaa qabeenya bineensota bosonaa irraan gaha. Waan kana ta'eef, adamoon adeemsisamu kan bineensota bosonaa dulloomanii malee kanniin biroo hin miine ta'u akka qabu xiyyeeffannoon guddaan kennamuufii qaba. Hawaasaaf waa'ee faayidaa bineensota bosonaa irratti barnoonni kennamuufii qaba.

Paarkiiwwan bineensota bosonaa ijaaroo bakkeewwan murtaa'an keessatti guutumaa guututti eegumsa godhuu fi akka jeequmsa malee wal horuu danda'an haala mijaa'aa uumuun baay'ee barbaachisaadha. Naannoolee paarkiiwwanii fi bakkeewwan adamoon bineensotaa itti adeemsifamuu qabus addaan baafamanii qophaa'uu qabu. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti paarkii biyyoolessaa Diinshoo, Paarkii Gaarreen Simeen, Paarkii Biyyoolessaa Sulula Hawaasii, Paarkii Abjaataa Shaallaa Sulula Qiinxamaa Guddaan keessatti argamu, Paarkiiwwan Sulula Laga Oomoo, naannoo Hara Caamoo fi naannoo Gaambeellaatti argaman fudhachuun ni danda'ama.

Tuurizimiin industirii aara yookiin summii hin qabne jedhamuun beekama. Kunuunsi biqiltoota uumamaa yookiin qabeenya bosonaa fi bineensota bosonaatiif godhamu guddina industirii tuuriziimiif gumaacha guddaa goba. Tuuriziimiin sochii bashannaniisaa kan qaamaa fi qalbii namootaa gammachiisuu danda'uudha. Qabeenya bosonaatii fi bineensota bosonaa sirnaan kunuunsuu fi eeguun babaldhina tuuriziimiif gahee guddaa qaba. Namoonni bakkeewwan fageenya qabani irraa dhufuun midhaagina naannoo uumamaa, biqiltoota adda addaatiif fi bineensota bosonaa daawachuuf maallaqa guddaa baasu. Naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyoonni haallan teessuma lafaa hawataa fi bineensoota bosonaa adda addaa baay'inaan qaban kan akka Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Itoophiyaa fi Ugaandaa, tuuristoota biyyoota addunyaa adda addaa keessaa dhufan irraa maallaqa guddaa argatu. Galiin kunis guddina misooma dinagdee isaaniitiif gargaarsa guddaa kenna.

Bakkeewwan tuuristoota hawatuu danda'an keessaa tokko naannoo paarkiiwwan bineensota bosonaati. Tuuristoonni naannoolee paarkiiwwan kanniin deemanii daaw'achuu akka danda'an tajaajilli geejjibaa fi karaa, hoteelonniif fi bakkeewwan bashannanaa fi hara itti galfatan mijeeffamuu qabu. Sochii hojii tuuriziimii babaldhisuu kana keessatti ummanni naannoolee paarkiiwwanii fi bosona uumamaa keessa jiiraatanis eegumsa bineensotaa irratti hirmaachuu qabu. Ummanni naannoo paarkiiwwanis galii sochii hojii tuuriziimii irraa argamu irraas fayyadamaa ta'uu qaba. Kunis tajaajila tuuristoota keessummeessuun galii dhuunfaa isaatiin argatu qofa osoo hin taane, galii akka biyyoolessatti sochii tuuriziimii irraa argamu keessaa manniin barnootaa ijaaroo fi babaldhisuu, manniin yaalaa ijaaroo, bishaan dhugaatii qulqullina qabu akka argatu taasisuu fi daandii konkolaataa hojjachuufiin

fayyadamaa taasisuun barbaachisaa ta'a. Ummata bu'aa galii tuuriziimii irraa fayyadamaa taasisuun kunuunsaa fi eegumsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif godhuuf qofa kan fayyadu osoo hin taane, ummanni qabeenyota uumamaa naannootti argamu maraaf kiyya jechuun abbummaan akka hirmaatu taasisa. Waan kana ta'eef, sochii kunuunsaa fi eegumsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif taasifamu cimsuuf xiyyeeffannaan guddaan kennamuufii qaba.

3.3.Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti qabu

Saffisaan dabaluu lakkoofsa ummataa qabeenya uumamaa irratti rakkina maal fida? Baay'inni ummataa biqiltoota uumamaa ni miidha jettee amantaa? Haala akkamiitiin miidhaa geessisa? Baay'inni lakkoofsa ummataa qabeenya bosonaatii fi bineensota bosonaa irratti miidhaa akka hin geessifne maaltu godhamuu qaba jettee yaadda? Ummanni nannoo ati keessa jiraatu kunuunsaa fi eegumsi qabeenya bosonaatiif sochiin godhu maal fakkaata? Akka seenaan jireenya dhala namaa ibsutti baroota durii keessatti haalli saffisaan guddachuu baay'ina lakkoofsa ummataa baay'ee xiqqaa ture. Dhaloota Kiristoosi Dura ida'insi lakkoofsa ummataabaay'ee xiqqaa waan tureef baay'inni lakkoofsa ummataa dachaan dabaluu gara waggoota 1000 itti fudhata ture.

Sababni isaas baroota sana keessatti hammi dhalatu baay'ee ennaa ta'u, hammi du'us baay'ee waan ta'ef wal madaala ture. Haalli dabalinsa lakkoofsa ummataa biyyoota addunyaa hunda keessatti wal fakkaataa miti. Biyyoota misooma dinagdeetiin guddatan keessatti hammi dabaliinsa lakkoofsa ummataa baay'ee xiqqaa yoo ta'u, biyyoota misooma dingdeetiin sadarkaa guddinaa irratti argaman keessatti yeroo ammaa baay'inni lakkoofsa ummataa saffisaan dabalaa jira. Baay'ina dabalinsa lakkoofsa ummata biyya tokkootii fi haala guddina dinagdee jidduu hariiroo addaan hin cinnetu jira. Akkuma baay'inni ummataa dabalaa deemuun guddinni dinagdee biyyattiillee haala wal gituu danda'uun deemu qaba. Biyyoota misooma dinagdeetiin guddataa jiran keessatti haalli saffisaan ida'uu lakkoofsa ummataatii fi adeemsi guddina dinagdee wal hin gitu. Guddinni dinagdee duubatti hafa yoo ta'u, baay'inni lakkoofsa ummata bara baraan garmalee dabalaa deema. Haalli kunis ummanni akka hiyyummaaf saaxilamu taasissee jira. Baay'inni lakkoofsa ummata biyya tokkoo dabalaa deemus baldhinni lafa biyyattii dabaluu hin danda'u. Biyyi takka ummata ishii dabalaa deemuuf waan nyaataa gahaa argamsiisuuf oomishinni midhaan nyaataa baay'inaan dabalaa deemu qaba. Oomisha midhaan nyaataa gahaa argachuuf hammi lafa qotiisaa dabaluu qaba jechuudha.

Namoonni jiraachuuf wantoota jireenya isaaniitiif barbaachisan argachuu qabu. Wantoota jireenya isaaniitiif barbaachisan kallattiin kan argatuu danda'an ammoo qabeenya uumamaa naannoo isaanii keessatti argamu irrayi. Fakkeenyaaf bosona, biyyee, bishaan, qilleensa baramaa, bineensota bosonaa fi albuuddan fa'a. Lakkoofsi ummata biyya tokkoo saffisaan baay'achaa deemun qabeenya bosonaa, biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti dhibbaa guddaa uuma. Midhaan nyaataa gahaa ta'e argachuuf lafti qotiisaa babaldhachuu qaba. Lafa qotiisaa haarawaa argachuuf ammoo bosonnii fi biqiltoonni uumamaa ciramuu qabu jechuudha. Kana qofa osoo hin taanee, biyyoota lakkoofsi ummata isaanii saffisaan dabalaa deemu keessatti wayitii ammaa naannooleen lafa qotiisaaf mijaa'ina hin qabne kanniin akka gaarreen dhuldhula dhaabbataa yookiin labbaawwan garreenii gara lafa qotiisaatti jijjiirnaa jiru. Bosonnii fi biqiltoonni uumamaa kan garmalee ciramanii lafa oomisha midhaan nyaataa argachuuf qofa osoo hin taane, muka qoraanii, mukkiin ijaarsa adda addaatiif oolanii fi meeshaalee tajaajila adda addaa kennan argachuuf qabeenyi bosonaa manca'aa jira. Fakkeenyaaf, sababa dabaliinsa lakkoofsa ummataatiin lafti Itoophiyaa baay'een bosona irraa ciramee dhumee biyyeen qullatti haftee argamti.

Itoophiyaan baroota durii qabeenya bosonaa baay'inaan qabdi ture. Baldhina lafa Itoophiyaa keessaa gara 34% bosonaan uwwifamee akka ture himama. Yeroo ammaa garuu hammi qabeenya bosonaa Itoophiyaa gara 2.5% qofa akka ta'e ibsama. Haala kana mee akkaataa naannoo keessa jiraattuu wajjin wal bira qabuun hubachuuf yaali. Ciramni bosonaa fi biqiltoota nyaatama lafaa fi harama biyyeetiif gumaacha guddaa godha.

Biqiltoonni uumamaa yoo ciramanii badan biyyeen qullaatti hafti. Kana malees, bineensonni bosonaa biqiltoota uumamaa maandhee (bakka jireenyaa) godhatanii jiraatanis naannoo jireenya isaanii gad dhiisanii ni badu. Biyyeen qullaatti hafte ammoo haaluma salphaa ta'een waqtii roobaa lolaa bishaan roobaatiin dhiqamuu fi yeroo bonaa ammoo humna bubbeetiin naannoo irraa haramtee baduuf saaxilamti. Haalli kunis harama biyyee qofa osoo hin taane biyyeen akka gabbina dhabdu taasisa. Biyyeen naannoo tokko gabbinna qabaachuu baannaan oomishinni hojii qonnaa kan lafa qotanii midhaan oomishanii fi horsiisa beeyladoo irraa argamus baay'ee xiqqaataa deema. Hariiroo guddina lakkoofsa ummataa fi harama biyyee jidduu jiru mee chaartii armaan gadii irraa hubachuuf yaali. Chaartii walitti dhufeenya dabaliinsa lakkoofsa ummataa fi qabeenya uumamaa agarsiisu. Biyyoota naannoo gaafa Afrikaatii fi Itoophiyaa keessattis manca'uu qabeenya bosonaatiif sababban heddu jiraachuu

danda'u. Itoophiyaa keessatti manca'ina qabeenya bosonaatiif haallan sababa ta'an keessaa muraasni.

1. **Lakkoofsi ummataa dabalaa deemuu:** Yeroodhaa gara yerootti lakkoofsi ummata Itoophiyaa dabalaa dhufuun fedhiin ummanni lafa qotisaatii fi beeyladoo horsiisuu qabus guddataa dhufuu.
2. **Fedhiin muka qoraanii fi ijaarsa manaatiif ta'uu dabaluu:** Akkuma baay'inni lakkoofsa ummata Itoophiyaa dabalaa deemu fedhiin muka qoraanii, ijaarsa manaa fi meeshaalee adda addaatiif ummanni qabu dabalaa deemuu.
3. **Babaldhina magaalotaa:** Akkuma biyyoota misooma dinagdeetiin guddataa jiran Itoophiyaa keessattis haalli babaldhina magaalotaa saffisaan guddachuun fedhiin ummanni muka qoraanii, ijaarsaa fi meeshaalee adda addaatiif qabu dabalaa dhufuu isaa.
4. **Babaldhina qotiisa ammayyaa:** Bakkeewwan tokko tokko keessatti oomisha callaa guddaaargachuuf qotiisa ammayyaa babaldhisuuf bosonnii fi biqiltoonni uumamaa akka ciramaniibodan taasifamu.
5. **Bosona gubuu:** Itoophiyaa keessatti qonnaan bultoonni naannoo tokko tokko keessa jiraatan bineensota bosonaa miidhaa isaan irraan geessisuu danda'an tokko tokko of irraa ittisuuf bosona yookiin biqiltuuwwan uumamaa gubuun lafa gara lafa qotiisaatti jijjiiruuf sochiin godhan akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'a. Meehaallan armaan olitti ibsaman kanniin haala qabatamaa naannoo keessa jiraattuutiin wal bira qabuun hubachuuf yaali.

Kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa

Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa kunuunsuuf maaltu godhamuu qaba? Kunuunsi biqiltoota fi bineensota bosonaatiif godhamu guddina misooma dinagdee biyyaatiif gahee qabaa? Sochiin hawaasni naannoo keetii bineensota bosonaa kunuusuuf godhu maal fakkaata? Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif kunuunsaa fi eegumsa godhuun barbaachisaadha. Sababni isaas biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa faayidaan dhala namaatiif kennaan baay'ee akka ta'an barnoota armaan olitti dhiyaate keessatti baldhinaan ibsamee jira. Naannooleen lafa baddaa Itoophiyaa rooba guddaa waan argataniif bosona akaakuu adda addaatiin uwwifamanii turan. Haa ta'u malee lafti qotisaaf barbaachisaa waan taateef qabeenyi bosona uumamaa akka ciramee badu taasifameera. Bakkeewwan qabeenyi bosonaa irraa ciramee dhume hatattamaan akka furmaata argatu yeroon tarkaanfiwwan barbaachisan yoo hin fudhatamin Itoophiyaan gara fuulduraatti hambaa qabeenya bosona akka dhabuu dandeettu hubatamuu qaba. Haallan gurguddoo kunuunsaa fi eegumsa

bosonaatiif godhaman keessaa muraasa akka armaan gaditti ibsaman hubachuu yaali. Bosona deebisanii dhaabuuf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qabu maal fa'a akka ta'an tarreessuu dandeessaa?

- A. **Bosona deebisanii dhaabuu (Reforestation):** Naannoo bosona irraa cirame irratti biqiltoota deebisanii dhaabuun kunuunsuudha. Malli kunis yoo xiqqaate mukkiin haala wal irraa hin cinneen ummanni akka argachuu danda'u ni gargaara. Biyyeen akka salphaatti lolaa fi human bubbeetiin naannoo irraa haramtee akka hin banne ni taasisa. Bosona deebi'ee marguun bineensonni bosonaa bakka jiraatan akka argatanii fi madaalliin qilleensa baramaa naannoo akka eegamus gumaacha guddaa kenna.
- B. **Bosonoomsuu (Afforestation):** Malli kun kan agarsiisu naannoo duraan bosona irra hin jirre irratti keessattuu, lafa hojii qonnaatiif mijaa'ina hin qabne irratti biqiltoota haarawaa dhaabuun naannoon bosonaan akka uwwifamu taasisuudha. Qabeenya bosonaa kunuunsuun yookiin eeguu jechuun yaada salphaa akka bin taane hubachuu qabna. Akkuma guddina dameelee qabeenya dinagdee birootiif tattaaffiin godhamutti qabeenya bosonaatiifis kunuunsii fi eegumsi gahaan godhamuufii qaba.
- C. **Bosona midhaaniin wal makaa (Agroforestry)** Malli kunis sochii lafa qotisaa irrattii fi naannoo lafa margaa horii itti horsiisan keessatti mukkeen adda addaatii fi midhaan adda addaa wal keessaa dhaabuun kunuunsuu of keessatti ammata. Mukkeenii fi oomishaalee midhaan nyaataa adda addaa wajjiin wal keessa makanii dhaabuun faayidaa baay'ee qaba. Callaan midhaanii akka dabaluu gargaara. Gabbinni biyyee ni dabala. Mukkeen irraayis faayidaan guddaan ni argama. Kunis mukkeen tajaajila gaaddisaa ni kennu. Dhiqamaa fi harama biyyee ni xiqqeessu. Mukkeen gariin qilleensa keessaa elemeentii akka naayitroojinii karaa uumamaatiin harkisuu fi biyyeetti makuun guddina biqiltootaatiif tajaajila guddaa kennu. Mukkeen gariin madda nyaata bineensota bosonaa fi beeyladooaa ta'uun tajaajila ol aanaa kennu.
- D. **Bosona ibiddaan gubuu dhiisuu:** Naannooleen bosona itti argamu akka ibiddaan hin gubanne ummanni naannoo sana keessatti argamu xiyyeeffannaa guddaa kennuufii qaba. Diinni bosonaa tokko ibidda namootaan bosonatti qabsiifamuu fi yookiin sababa caamaatiin tasa bosona keessaa ka'u waan ta'eef hawaasni of eeggannoo godhuu qaba.
- E. **Adamoo seeraan alaa to'achuu:** Faayidaa bineensonni bosonaa dhala namaatiif kennan keessaa tokko madda nyaataa ta'uu isaaniiti. Namoonni bineensota bosonaa kan adamsaniif waan nyaataa argachuuf qofa osoo hin taane, gogaa fi ilkaan isaanii gurgurachuun galii guddaa argachuu fa'a. Adamoo seeraan alaatiin bineensonni bosonaa baay'een ni dhumu. Akkasumas hamma danda'ameen lubbuu isaanii baraarfachuuf biyya

yookiin bakka jireenya isaanii gad dhiisuun gara biyyoota birootti baduu danda’u. Kanaafuu, adamoo bineensota bosonaa seeraan ala gaggeeffamu xiyyeeffannaa kennuufiin to’achuun barbaachisaadha. Kunuunsaa fi eegumsa bineensota bosonaatiif paarkiiwwan yookiin bakkeewwan bineensonni bosonaa jeequmsa malee jiraachuu fi itti wal horuu danda’an sadarkaa biyyoolessattis ta’ee naannootti daangeeffamuun jiraachuu qabu. Itoophiyaa keessatti parkiiwwan naannoo Diinshoo garreen Baalee, Sulala Laga Hawaas, naannoo gaarreen Simeen maandhee bineensota bosonaa adda addaatiifi paarkiin Abjaataa - Shaallaa kan Sulula Guddaa Qinxamaa keessatti argamu ammoo qabeenya simbiroowwan yookiin allaattiiwwan adda addaa yoo ta’u, bakkeewwan biroo keessatti paarkiiwwan garaagaraa ni argamu. Akkasumas, dhaabbilee sadarkaa biyyaattis ta’ee sadarkaa addunyaatti hojii kunuunsaa fi eegumsa bineensota bosonaa irratti bobba’an wajjinis hojjechuun qabeenya biqiltotaa fi bineensota bosonaa kunuunsuu fi eeguun ni danda’ama.

Sababban armaan olitti ibsamaniif fi kanniin biroo irraa kan ka’een wayitii ammaa Itoophiyaa keessatti naannooleen baay’een rakkoollee adda addaatiif saaxilamanii argamu. Fakkeenyaaf,

- Manca’ina biqiltoota uumamaa gabbina biyyee balleessuun oomishinni qonnaa akka xiqqaatu ta’uu,
- Ciramaa fi badiitii qabeenya bosona naannoo irraa kan ka’e ummanni muka qoraanii, ijaarsa manaatii fi bu’aawwan qabeenya bosonaa adda addaa argachuuf rakkoon guddaan mudachuun,
- ijjiramni haala qilleensa baramaa naannoo jireenya ummataa irratti uumamuu
- Biyyeen sababa cirama bosonaa fi barbadaa’ina biqiltoota uumamaa irraa kan ka’ee humna lolaa bishaan roobaatii fi bubbeetiin haramuuf saaxilamuu ishii,
- Badiitiin bineensota bosonaa yookiin lubbu-qabeeyyii adda addaa (biqiltootaa fi bineeldota)naannoo irra gahuu,
- Manca’insi biqiltoota uumamaa naannootti argamanii hawaasa naannoo irratti rakkina fayyaa, hanqina bishaan dhugaatii qulqulluu fi haalli caamaa (hoongee) wayitii dheeraaf akka irra gahan taasisu jiraachuu fi
- Babaldhina gammoojjummaa fa’a.

Cuunfaa

Biqiltoonni uumamaa kan jedhaman bosona, micireewwan, margaa fi kanniin biroo of keessatti ammatu. Biqiltoonni uumamaas ta'anii namaan dhaabaman dhala namaatiif faayidaa guddaa kenu. Biqiltoonni lubbu-qabeeyyii yoo ta'an madda nyaataa, maandhee/bakka/jireenya lubbu qabeeyyii adda addaa, madda qorichaa (dawaa) fi madaala uumamaa naannoo eegu fi miidhagina naannoo eeguun tajaajila guddaa kennu.

Biqiltoonni guddachuuf wantoonni isaan barbaachisan tempireechara, bishaan, biyyee fi qilleensa fa'a. Biyyeen suphee, cirrachaa fi biyyee loom jedhamuun gosa saditti qoodama. Hundi isaanituu amala mataa isaani qabu.

Bosona mukkeen gurguddoo gosa adda addaa qaban naannoolee rooba gahaa argatan keessatti hedduminaan walitti qabamanii marganiidha. Itoophiyaan haallan teessuma lafa adda addaa qabdi. Bosona Itoophiyaa lafa ol ka'oo irratti argaman bosona mukaa baala babalddhaa qabu, bosona mukkeen baala harcaafatan, bosona mukkeen birbirsaa, bosona mukkeen naannoolee qilleensa diilallaa'aa fi bosona lafa dakee kan akka bosona sulullan laggeenii fi bosona naannoolee lafa diriiraa (cisaa) fa'a. Akkasumas, Itoophiyaa keessatti naannooleen lafa margaa baay'inaan kan argaman yoo ta'an, biqiltoonni naannoo gammoojjii oo'aa keessatti biqilanis naannoolee lafa diriiraa Baarkaa fi lafa gad dhooqaa Danaakil naannoo Affaar keessatti argamu. Itoophiyaa keessatti faca'iinsi biqiltoota uumamaa bineensonni bosonaa garaagaraa baay'inaan akka argaman taasissee jira. Bineensonni bosonaa Itoophiyaa keessatti argaman hoosiftoota, allaattiiwwan, qurxummiiwwan, kanniin lafa irraa looyanii fi lubbu qabeeyyii adda addaa ti.

Haala qilleensaa, basonaa, biqiltoota uumamaa fi bineesota bosonaa jiddu hariiroon addaan hin cinnetu jira. Qilleensi baramaa mijaawaa ta'e ammoo jireenya lubbu- qabeeyyii adda addaatiif barbaachisaadha. Qabeenya uumamaa uumaan dhala namaa badhaafte kanniin akka biqiltoota uumamaa, bineesota bosonaa, qilleensaa, bishaanii fi biyyeetiif kunuunsaa fi eegumsa godhuun barbaachisaadha. Saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa qabeenya uumamaa irratti jechuun biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irratti miidhaa guddaa geessisa. Namoonni jiraachuuf waan jireenyaaf isaan barbaachisu argachuu waan qabaniif qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti argamutti fayyadamu. Haalli kunis ammoo qabeenyaa fi naannoo uumamaa irratti dhiibbaa fi miidhaan akka gahuu taasisa. Biyyoota naannoo gaafa Afrikaa fi Itoophiyaa keessatti badiitii qabeenya bosonaatiif sababoota ta'an keessaa lakkoofsa ummataa dabalaa deemu, fedhiin muka qoranii fi ijaarsaa dabaluu, babalddhina magaalotaa, babalddhina qotiisa ammayyaa fi bosonaatti ibidda qabsiisuun isaan gurguddoodha.

Maloota gurguddoo kunuunsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaatiif qodhamuu qaban keessaa bosona deebisanii dhaabuu, lafa qotiisaaf hin taane bosonoomsuu, paarkiiwwan adda addaa ijaaruu, qonna wal makaa bosonaa fi midhaanii babalddhisuu, bosona ibiddaan akka hin gubanne eegumsa godhuu fi adamoo seeraan alaa to'achuun tarkanfiiwwan fudhatamuu qaban keessaa isaan gurguddoodha.

GAAFIILEE XUMURA BOQONNAA 3

Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.

1. Biqiltoonni uumamaa bosona, micireewwan, margaa fi kanniin biroo kan uumamaan biqilani argaman hunda ammata.
2. Naannoolee tempireechara 6°C gadi qaban keessatti biqiltoonni haala gaariin guddatu.
3. Biyyee suphee keessa bishaan haala salphaan darbuu danda'a
4. Bosona lafa dakee Itoophiyaa keessatti hin argaman.
5. Itoophiyaa keessatti biqiltoonni naannoo gammoojjii lafa diriiraa Baarkaa fi lafa gad dhooqaa Danaakil keessatti argamu.
6. Bineensota bosonaa kunuunsuun guddina dinagdeetiif gumaacha ni godha.
7. Paarkii Abjaataa-Shaallaa maandhee yookiin bakka jireenya Gadamsaa (Niyaalaa) ti.
8. Babaldhinni qonna ammayyaa qabeenya bosonaa irratti miidhaa hin geessisu.
9. Mukkeenii fi midhaan nyaataa adda addaa wal keessa makanii dhaabuun gabbinni biyyee akka dabalu taasisa.
10. Namoonni lubbuun jiraachuuf wantoota jireenyaaf isaan barbaachisan hunda argachuu qabu.
11. Saffisaan dabaliinsi lakkoofsa ummataa qabeenya bosonaa irratti miidhaa guddaa geessisa.
12. Maddalli uumaa eegu irratti biqiltoota uumamaa caalaa biqiltoota namni dhaabetu faayidaa qaba.
13. Biyyeen guddina biqiltootaatii fi oomisha midhaaniitiif irraa caalaatti mijaa'ina qabu biyyee loomiiti.
14. Naannooleen lafa dakee Itoophiyaa hamma roobaa waggaatti 1000 mm gad argatan bosona heddumaataa qabu.
15. Biqiltoonni uumamaa madda qoricha adda addaati.
16. Ibiddi bosona keessaa tasa uumamuu (ka'uu) ni danda'a.

Kutaa II: Yaadota toora "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

A

1. Guddina biqiltootaa
2. Bosona Sulullan laggeenii
3. Paarkii Diinshoo
4. Kunuunsa qabeenya biqiltootaa fi bineensota bosonaa
5. Biyyee Loom
6. Baddaa
7. Badda-daree

B

- A. Madda Tuurizimii
- B. Laga Waabee fi Laga Hawaas.
- C. Bishaan
- D. Gadamsa
- E. 15°C–20°C
- F. Bosbosa Lubbu-qabeeyyi
- G. Waaliyaa Ayibeekisii
- H. 10°C–15°C

Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Guddina biqiltootaatiif wantoonni gurguddoon barbaachisan maal fa'a?
A. Tempireechara
B. Bishaan
C. Biyyee fi qilleensa
D. Hunduu Deebiidha.
2. Naannooleen badda-daree hamma oo'aa (Tempireecharaa) jiddu galeessa _____ qabu.
A. 10°C gad
B. 15°C-20°C
C. 20°C-30°C
D. 0°C-10°C
3. Bosona muka birbirsaa haala gaariin biqilanii kan argaman bakkeewwan ol ka'iinsa lafaa _____ qaban irratti.
A. 1500m
B. 500m gad
C. 2300m
D. 3300m fi isaa ol.
4. Akaakuuwwan mukkeen armaan gadii keessaa kan baala isaanii harcaafatan kam fa'a?
A. Odaa fi Birbirsaa
B. Odaa fi Qilxuu
C. Qilxuu fi Waddeessa
D. Deebii hin qabu.
5. Bineensota bosonaa armaan gadii keessaa kan biqiltoota nyaatu kami?
A. Leenca
B. Jawwee
C. Sattawwaa
D. Re'ee
6. Bineensota bosonaatiif kunuunsa gochuuf maaltu barbaachisa?
A. Akaakuuwaan bineensota bosonaa beekuu
B. Bakka jireenya isaanii addaan baafachuu
C. Waqtii wal hormaata sanyii bineensota bosonaa beekuu
D. Hunduu deebiidha.
7. Itoophiyaa keessatti naannooleen irra caalaatti bosona mukkeen birbirsatiin beekaman kam fa'a?
A. Iluu abbaa Booraa, Wallagga, Kafaa fi Jimma
B. Arsii, Baalee fi Harargee
C. Wallagga, Shawaa, Arsii fi Harargee
D. Boorana, Shawaa Bahaa fi Shawaa Kibba Dhihaa
8. Parkiiwwan armaan gadii keessaa kan maandhee allaattiiwwanii jedhamuun beekamu kami?
A. Paarkii gaarreen Simeenii
B. Paarkii biyyooleessaa Sulula Hawaasii
C. Paarkii Abjaataa-Shaallaa
D. Paarkii Sulula Laga Oomoo
9. Teempirecherri Gammoojjii oo'aa °C meeqa ta'a?
A. 30°C-40°C
B. 20°C-30°C
C. 10°C-15°C
D. 10°C gadi
10. Bineensonni biqiloota qofa nyaataan maal jedhamu?
A. Omiinoovaarasii
B. Kaarniivoorasii
C. Herbiivoorasii
D. Hunda
11. Paarkiiin Nacci saar kan argamu naannoo kam keessatti?
A. Oromiyaa
B. Ummattoota Kibbaa
C. Amaaraa
D. Affaar
12. Naannoo bosona irraa cirame irratti biqiltoota deebisanii dhaabuun kunuunsuun maal Jedhama?
A. Lafa bosonaa daangessuu
B. Bosonoomsuu
C. Bosona deebisanii dhaabuu
D. Deebii hin qabu

13. Yeroodhaa gara yerootti lakkoofsi ummataa dabalaa deemuun miidhaa maal qaba?

- A. Mancaatii bosonaa fida C. Mancaatii qabeenya ummamaa fida
B. Dhiqama biyyee fida D. Hunduu deebiidha

14. Itoophiyaa keessatti lafa gad dhooqaa Danaakil naannoo kam keessatti argama?

- A. Somaalee B. Tigraayi C. Gaambeellaa D. Affaar

15. Paarkiiwwan Itoophiyaa Sulula Guddaa Qinxamaa keessatti argamu isa kami?

- A. Abjaataa – Shaallaa B. Nacci saar C. Sameen D. Diinshoo

Kutaa IV: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gaggabaabaa kenni

1. Adeemsi biqiltoonni magariisni nyaata itti qopheessan waan jedhammuu fi maqaa nyaata qopheeffatanii himi.

2. Gosoota biyyee gurguddoo sadan tarreessi.

3. Bineensota bosonaa Itoophiyaa keessatti qofa argaman keessaa Godamsii fi Waaliyaa Ayibeeksiin eessatti argamu? _____

4. Faayidaan bineensota bosonaa gurguddaan maal fa'a?

- A. _____
B. _____
C. _____
D. _____

5. Itoophiyaa keessatti badiitii qabeenya bosonaatiif sababban gurguddoo kan ta'an maal fa'a?

- A. _____
B. _____
C. _____
D. _____
E. _____

6. Sochiin bakkeewwan hojii qotiisaatiif mijaa'ina hin qabne irratti biqiltoota haarawa dhaabuu maal jedhama?

DEEBII GAAFIWWANII BOQONNAA SADAFFAA

I. DHUGAAFI SOBAA

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Soba 5. Dhugaa 6. Dhugaa
7. Soba 8. Soba 9. Dhugaa 10. Dhugaa 11. Dhugaa
12. Soba 13. Dhugaa 14. Soba 15. Dhugaa 16. Dhugaa

WALITTI FIROOMSII

1. C 2. B 3. D 4. A 5. F 6. H 7. E

II. FILANOOWWANII

1. D 2. B 3. A 4. C 5. C 6. D 7. B 8. C
9. A 10. C 11. B 12. C 13. D 14. D 15. A

III. DEEBII GABABAA

1. footoosinteesisi jedhamama. Maqaan nyaatichaa Kaarboohayidireetii jedhama.
2. Biyyee suphee, biyyee cirrachaafi biyyee loomii
3. Gadamsii kan argamu paarkii Baalee keessatti. Waaliyaa ayibeeksii kan argamu paarkii sameen keessatti
4. A. Madda nyaataati
B. Madaala Uumamaa eegun
C. Bineensonni bosonaa madda qo'annoo fi qorannoo ta'uu
D. Bineensonni bosonaa miidhaagina naannootiif gargaaru
5. A. Lakkoofsi ummataa dabalaa deemuu
B. Fedhiin muka qoraanii fi ijaarsa manaatiif ta'uu dabaluu
C. Babaldhina magaalotaa
D. Babaldhina qotiisa ammayyaa
E. Bosona gubuu
6. Bosoneessuu

Boqonnaa 4

Ajandaa Uummataa

- ✓ **Boqonnaa 4 irratti yaada yoo qabdan obbo Baqqalaa Qana'aa qunnamaa(0911820463)**

- Ajandaa waloo, fedhiifi gaaffii uummanni furmaata argachuuf kaasuudha. Innis, Babal'ina HIV/AIDS Afrikaa, baay'ina ummataa, hiyyummaa, mirga dhala namaafi nageenya amansiisaa taasisuu, biyyootaafi hawaasa waliin dhimma waloo irratti hariiroo uumuu.

4.1. Babal'ina HIV/AIDS Ardii Afrikaa

- Bara 2013, addunyaa irratti namni HIV/AIDS waliin jiraatu miliyoona 35 dha. Namoota HIV/AIDS waliin jiraatan 80(80%) biyyoota Afrikaa Saaharaa gadi keessatti argamu.

Babal'ina HIV/AIDS Biyyoota Afrikaa

Kibba Afrikaa

- Afrikaan Kibbaa HIV/AIDS 'n baay'ee midhamteetti. Biyyi Iswaazilaand(Swaziland) HIV/AIDS baay'ee kan miidhamtedha .Biyyi Iswaazilaand(Swaziland) keessatti babal'inni HIV/AIDS 27.4% yoo ta'u, addunyaa irraa tokkoffaadha. Lammaffaan immoo Leesetoodha(Lesotho)babal'inni HIV/AIDS 22.9% yoo ta'u Bootswaanaan(Botswana) immoo 21.9% .Ardii Afrikaa akka dhibee dardarbaa isa sadarkaa ol aanaa ta'ee jira.

Lixa Afrikaa

- Lixni Afrikaa Babal'ina HIV/AIDS 'n 2 % gadi dha. Biyyoota akka Naayijeeriyaafi Kotdivuu'aar (Nigeria, Cote d'ivoire) keessatti babal'inni HIV/AIDS sadarkaa ol aanaa irra jira. Walduraa duubaan babal'inni HIV/AIDS Naayijeeriyaafi Kotdivuu'aar (Nigeria, Cote d'ivoire) 3.4 % fi 3.5 % dha.

Baha Afrikaa

- Babal'inni HIV/AIDS namoota umrii ga'eessotaa (15-49) sadarkaa ol aanaa irra jira. Buruundii keessatti 13%, Keeniyaa keessatti 6.1%, Ruwaandaa keessatti 2.9 % ,yoo ta'u, Ugaandaa keessatti immoo 7.2 %fi Taanzaaniyaa keessatti 1% qofaadha.

Sababa Babal'ina HIV/AIDS

- Sababa Babal'ina HIV/AIDS waliin jiraatan biyyoota Afrikaa Saaharaa gadii wal qunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabneedha. Akka dabalataatti babal'ina HIV/AIDS karaan ittiin raawwatamu:

Karaa lilmoon, kanneen akka hojitti gocha sagaagalummaan jiraatan, walqunnamtii saalaa nama baay'ee waliin taasisuu, gudeeddaa dhiiraafi dhalaan taasifamu, dhaqna qabaa of

eeggannoon hin taasifneefi dhibee daddarbaa qunnamtii saalaa. *Miidhaa HIV/AIDS maatiin madda galii ittiin jiraatan dhabuufi ijoolleen maatii malee hafuu*

Gaaffileefi deebiiwwan isaanii waliin

1. Babal'inni HIV/AIDS rakkisaa ta'aa kan jiru sababa maalii irraa kan ka'eedha?

- A. Xiqqaataa adeemuun
- B. Deebi'ee rakkoo hamaa ta'aa jiraachuu
- C. Dhabamaa jiraachuun
- D. Lafa irraa baduu

Ibsa: Qorannoo bara 2005 hanga 2013 geggeeffameen babal'inni HIV/AIDS xiqqaataa adeemuu isaa agarsiisa.

Deebii: B

2. Babal'ina HIV/AIDS kan baay'ee miidhame isa kamidha?

- A. Kibba Afrikaa
- B. Lixa Afrikaa
- C. Baha Afrikaa
- D. Kibba Afrikaa

Ibsa: Kibbi Afrikaafi Iswaazilaand (Swaziland) HIV/AIDS baay'ee miidhamaniiru. Biyyii Iswaazilaand(Swaziland) keessatti babal'inni HIV/AIDS 27.4%fi addunyaa 1^{ffaa}dha.

Deebii: A

3. Ardii Afrikaa keessatti Babal'ina HIV/AIDS miidhaan qaqqabsiisu maalidha?

- A. Jijjiirama aadaa hojii fida.
- B. Bu'uuraalee misoomaa akka babal'atu taasisa.
- C. Baay'ina uummataaf haala mijeessa.
- D. Umrii namni lafa kana irra jirraachuu qabu xiqqeessa.

Ibsa: Babal'inni HIV/AIDS miidhaa du'aatii dhala namaa irra waan qaqqabsiisuuf namni hanga yookiin istaandardii lafa kana irra jiraachuu qabu hir'isa.

Deebii: D

4. Babal'inni HIV/AIDS ariitiin geggeeffamuufi dhibeen qaqqabsiisu miidhaa maalii fida?

- A. Du'aatii dhala namaa bal'inaan mul'achuu
- B. Dhibee inni fidu akka salphaatti irraa fayyuun ni dandaa'ama
- C. Dawaa dhibee HIV/AIDS namatti fidu irraa fayyuu ni dandaa'ama
- D. Deebii hin qabu

Ibsa: Babal’inni HIV/AIDS bifa ariitiin biyya tokkoo biyya birootti yeroo gabaaba kessatti kan daddarbuufi dawa irraa fayyamu kan hin qabnedha.

Deebii:A

5. Kanneen asii gadii keessaa miidhaa dhibeen adda addaa fidu kan hin taane isa kamidha?

- A.Omishtummaa xiqqeessa
- B.Dagaagina dinagdee fida
- C.Hojii hojjechuuf nama hin dandeessisu
- D.Ijoolleen abbaafi haadha malee hafu

Ibsa: Dhibeen babal’achuun namoota umrii humna qabeenya omishtummaa ta’an waan miidhuuf dinagdee biyya tokkoo irratti miidhaa cimaa taasisa.

Deebii:B

Gaaffileefi deebiiwwan isaanii waliin

6. Kanneen asii gadii keessaa kamtu gahee dargaggoonni HIV/AIDS ittisuuf taasisan miti?

- A. Qunnamtii saala irraa of qusachuu
- B.Amanamaa ta’u
- C. Wal qunnamtii saalaa nama hedduu waliin gochuu
- D. Mootummaafi mit mootummaa waliin hariiroo uumuun hojjechuu

Ibsa:Dargaggoonni HIV/AIDS ittisuuf gahee guddaa qabu.Innis,tooftaalee adda addaa HIV/AIDS ittisan fayyadamuun Babal’ina HIV/AIDS xiqqeessuun ni danda’aama.

Deebii:C

4.2. Baay’inni Uummataa Dabaluu

- Baay’inni uummataa dabaluu jechuun yoo baay’inni nama dhuunfaa dabalaa adeemu agarsiisa.Amalli baay’inni uummata Afrikaa dabalaa adeemu bifa adda ta’een kan raawwatudha.Baay’ina uummataa dabaluu,du’aatiin uummataa xiqqaataa dhufuufi dabaluu omishtummaa sababa qonna ammayyaafi dabaluu dhiyeessii nyaataa

Dabaluu baay’ina uummataan wantoota dhufan

- Hanqina mana jireenyaa,manca’iinsa⁷ bosonaa,hanqina lafa qonnaa,midhaan nyaataa qaala’uu,hojii dhabeeyyiin baay’achuu’ istaandaardiin jireenyaa gadi bu’uudha.
- Seerri haala dabaluu baay’ina uummataa kaayyoo qabeenyi uumamaafi baay’inni uummataa wal simatuuf gahee guddaa qaba.

Addunyaa irratti seerri haala baay’ina uummataa isaan gurguddoo lamatti jiran

- Seera dabaluu Baay’ina uummataa jajjabeesu(pre-natalist),

- Seera Baay'ina uummataa akka xiqqaatuuf socho'u (-Anti-natalist),

Kaayyoo Ijoo Seera Baay'ina Uummata Itoophiyaa

- Addadummaa Baay'ina uummataafi humna omishtummaa gadi bu'aa ta'e walqixxeessuu. Kunuunsa qabeenya naannoofi karooraan jiraachuufi dinagdeen walqixxummaa dhiiraafi dubartootaa gargaarsa barbaadan jajjabeessuu.

Gaaffileefi deebiiwwan isaanii waliin

7. Wal gituu dhiisuu _____ fi _____ sababa dabaluu baay'ina uummataa fida.

- A. Hangi du'aatiifi dhibeen dabaluu
- B. Hangi du'aatii hawwaasaa dabaluu fi hanga dhalachuu daa'ammanii xiqqaachuu
- C. Baay'ina daa'amman dhalatanii dabaluu fi du'aatiin xiqqaachuu
- D. Dabaluu du'aatiifi Baay'ina daa'amman dhalatanii xiqqaachuu

Ibsa: Biyyi Baay'ina daa'amman dhalatanii dabalaa adeemuufi hanga du'aatiin hawaasaa walitti fufiinsaan xiqqaachaa adeemuu keessatti Baay'inni ummataa aritiin dabala.

Deebii:C

8. Dabaluun Baay'ina ummata biyya tokkoo walitti fufiinsaan kan mul'atu yoo maal ta'edha?

- A. Hangi du'aatii hawaasaa dabaluu
- B. Hangi du'aatii hawaasaa xiqqaachuu
- C. Humni omishtummaafi dhiyeessiin xiqqaachuu
- D. Dhiyeessiin nyaataa xiqqaachuu

Ibsa: Addunyaa irratti Baay'inni uummataa dabalaa kan adeemuu yoo hanga du'aatii hawaasaa walitti fufiinsaan xiqqaachaa adeemeedha.

Deebii:B

9. Tajaajilli fayyaa fooyya'aa ta'ee jiraachuun baay'ina ummataa irratti gahee maalii qaba?

- A. Dhiyeessiin nyaataa dhabamuu
- B. Dawaa dhibee adda addaa fayyisan fayyadamuu hawaasaa
- C. Hanqina mana jireenyaa
- D. Dhibee daddarbaaf saaxilamuu

Ibsa: Tajaajilli fayyaa fooyya'uufi ammayyaa ta'ee jiraachuun, hawaasni dhibee adda addaan akka hin saaxilamne taasisa.

Deebii:B

10. Wantoonni dabaluu Baay'ina ummataa fidan maalidha?

A.Dabaluu lakkoofsa hawaasaa

B. Baay'inni daa'amman dhalatanii dabaluu fi du'aatiin xiqqaachuu

C.Hangi du'aatii hawaasaa yeroo daa'amman dhalatan irra guddaa ta'u

D. Baay'ina daa'amman dhalatanii dabaluu fi xiqqaachuu

Ibsa: Addunyaa irratti biyyi baay'ina daa'amman dhalatanii dabalaa adeemuufi hanga du'aatii walitti fufiinsaan xiqqaachaa adeemu keessatti baay'inni ummataa aritiin dabala.

Deebii:B

11. Baay'ina uummataa to'aachuuf Itoophiyaan seera karoora uummataa keessatti kan hin hammachiisin hafee isa kami?

A.Umrii xiqqaan heerumuu dhiisuu

B.Karoora maatii fayyadamuu

C.Umrii fuudhaafi heerumaa murteessuu

D.Karoora maatii fayyadamuu dhiisuu

Ibsa: Karoora maatii fayyadamuu dhiisuu jechuun daa'imman dhalatan to'achuun kan hin danda'amneefi walirratti dhalachuun daa'immanii dabalaa adeema.

Deebii:D

12. Seerri Baay'ina uummata Itoophiyaa isa kami of jalatti hammatee jira?

A. Kanneen ulfaa'an yookiin daa'ima garaa haadhaa keessa jiru to'achuu (natalist)

B. Seera Baay'ina uummataa akka xiqqaatuuf socho'u(Anti-natalist)

C. Seera dabaluu Baay'ina uummataa jajjabeesu (pre-natalist)

D. B fi C

Ibsa: Seerri baay'ina uummata Itoophiyaa of jalatti kan inni hammatee jiru Seera Baay'ina uummataa akka xiqqaatuuf socho'u(Anti-natalist) kan jechamudha.

Deebii:B

13. Kaayyoo gooroo Seera Baay'ina uummata Itoophiyaa kan ta'e isa kamidha?

A. Garaagarummaa dabaluu baay'ina uummataafi guddina dinagdee jidduu jiru guddisuu

B. Garaagarummaa dabaluu baay'ina uummataafi guddina dinagdee jidduu jiru xiqqeessu

C.Manca'iinsa qabeenya uumamaafi dabaluu baay'ina uummataa jajjabeessuu

D.Karoora maatii karaa aadaan beekamu jajjabeessuu

Ibsa: Baay'ina uummataa bifa humnaa ol hin taaneen walitti fufiinsaan akka adeemuuf garaagarummaa dabaluu baay'ina uummataafi guddina dinagdee jidduu jiru xiqqeessuudha.

Deebii:B

15. Hiyyummaa xiqqeessuu keessatti gahe kan qabu isa kamidha?

A.Mala qonnaa aadaa jajjabeessuu

B.Mala qonnaa ammayyaa fayyadamuu dhiisuu

C. Dhiyeessii bu'uuraalee misoomaa hawaasa hundaaf bifa walqixa ta'een kennuu

D. Hirmaannaa dubartootaa dhabamsiisuu

Ibsa: Jiruuf jireenyi biyya Itoophiyaa qonna irratti kan hundaa'eedha.Hiyyumaa dhabamsiisuuf yookiin xiqqeessuuf qonna ammayyaa fayyadamuu.

Deebii:C

15. Garaagarummaa ol aantummaafi gadi aantummaa uummata jidduutti fidu maalidha?

A.Garaagarummaa saalaa

B.Nama ta'uu qofaan

C.Garaagarummaa korniyaa (Dhiira yookiin dhalaa) ta'uu

D.Haala Lammumaa biyya sanaa

Ibsa: Dhalli namaa yero dhalatan walqixaadha. Garaagarummaan koorniyaa, dhiirri akka ol aantummaan kennameef, dhalaan immoo akka gadi aantummaa waliin dhalatanitti mul'ata.

Deebii:C

4:3 Hiyyummaa

Akka waliigalatti hiyyummaan wantoota asii gadiin ibsama:

- Dhiyeessii bu'uuraalee misoomaafi fedhii sadarkaa maatiitti barbaachisan guutuu dhabuu,hanga dhalli namaa lafa irra jiraachuu qabu xiqqeessa,hanqina lafa qonnaafi galiin dhuunfaa xiqqaachuu irraa kan ka'e fedhii barbaachisoo ta'an guuttachuu dhabuu

Sababni Hiyyummaa ardii Afrikaa

- Baay'ina uummataa humnaa ol tahe, qabeenyi uumamaa bifa walqixa ta'een bakka hundaatti argamuu hafu,istaandaardii jireenya dhala namaa bira ga'uu hafuufi barnoota gahaa dhabuufi hojii dhabdummaan jiraachuu.

4.4. Mirga Dhala Namaafi Nageenya

- Mirga dhala namaa uumaan kan namaaf kennamuudha,uumamaan kan namaaf kennamuudha malee mootummaan kan namaaf kennu miti,kan nama irraa molqamu miti,dhala namaaf kan walqixa kennameedha(Universal).

Mirgi Dhala Namaa kanneen asii gadii hammata

- Mirga lafa kana irra jiraachuu,walaba ta'uu,mirgi dhala namaa adabbii qaama miidhuufi lubbuu dhabamsiisuu irraa ittisuu,dhuunfaan jiraachuuf mirga kan qabu.Bara 1948 Labsiin mirga dhala namaa kanneen asii gadii murteesseera.

2. Mirga Dimookiraasii

- Mirgi dimookiraasii yaada, fedhiifi wantoota hawaasni barbaadan guutaaf. Mirga hiriira nagaa ba'uu, mirga waliigaltee mallattoon agarsiisuu, gurmaa'uun socho'uufi mirga lammummaa argachuu.

A. Mirgoota Dubartootaa

- Dubartoonniifi dhiirri mirga walqixa ta'e qabaachuu
- Mirgi walqixxummaa dhiiraafi dhalaa kabajamuu dhiisuu sababa saalaan mul'atu hafuu qaba. Walqixa kabajamuu hafuu korniyaa lamaanii

Saala jechuun: waamama uumamaan dhiiraafi dhalaa adda baasuuf fayyadamnuudha.

Korniyaa jechuun: hawaasa keessatti kan uumameefi kan uummanni itti fayyadamudha.

Walqixxummaa korniyaa Itoophiyaa keessatti cimsuun walqixxummaa dhiiraafi dhalaa mirkaneessuu agarsiisa. garaagarummaa dhiiraafi dhalaa jidduutti kan ittisuudha.

Gaaffileefi deebiiwwan isaanii waliin

1. Kanneen asii gadii keessaa walqixxummaa dubartootaaf kan dhaabbate isa kamidha?

A. Tarkaanfii qaama hir'isu irratti fudhachuu,

B. Garaagarumma korniyaa lamaanii babal'isuu,

C. Dubartoota irraa mirga adda addaa molquu,

D. Seeroota duraan turan haaromsuun mirga dubartootaa kabachiisuu,

Ibsa: Dubartoonni seerota yeroo durii sanaan qaamaanis ta'e sammun dadhaboo ta'anitti ilaalamaa. Garuu seeronni tumamuun kabaja mirga dubartootaa mirkana'aa jira.

Deebii: D

B. Dhimma Nageenya Dhala Namaa

- Nageenya dhala namaa kanneen qaama isaaniirratti balaa qaqqabsiisuun dhibeefi du'aatiif kan saaxiluudha. Dhala namaa irratti balaa cimaa kanneen qaqqabsiisan (**Physical Hazards**) jedhamaniidha. Balaa wantoota baayolajikaalaan raawwataman (**Biological Hazards**). Innis kan maxxantuu adda addaafi vaayirees (baakteriyaan)'n miidhaa dhala namaa irra ga'u ilaal'ata.

Ittiin Bulmaata Nageenya Dhala Namaa

Mirgi nageenya dhala namaa qajeelfamoota asii gadii hammata:

- Dawaa ajaja ogeessa fayyaa malee fudhachuu dhiisuu, dawaa wallaansa fayyaa irraa fudhatan bakka ijoolleen hin xuqne kaa'uu, karaa lafoo irra kanneen adeemaniif dursa kennuu, bakka namoonni baay'atanii jiranitti tamboo xuuxxuu dhiisuu.

C. Mirga Dargootaa

- Umriin dargaggummaa yeroo murtaa'aa dhalli namaa keessa darbuudha. Umriin dargaggummaa: Umrii daa'imman osoo sadarkaa umurii ga'eessotaa keessa hin seeniin keessa darbaniidha. Umriin dargaggummaa yeroo gaaffii adda addaa itti isaan gaafatanidha.

D.Seera Mirgoota Daa'immanii (Convention Rights of Children)

- Mirgoonni daa'immanii walga'ii mootummoota gamtoomaniin Sadaasa 20, bara 1989 hojii irra oole. Seeronni kunis waa'ee mirga daa'immanii akka itti aanuttii ibsameera. Daa'imman mirgoota barachuu, haala mijaa'aa jiraachuufi tajaajila barbaachisu argachuu.

Molqamuu Mirgoota Daa'immanii

- Mirgoonni daa'immanii sababa addaaddaan sarbama. Isaanis: daa'imman kanneen umriin guddaa ta'an daa'imman umriin xiqqaa ta'an tajaajiluu akka qaban dirqamni itti kennamuu, dhaqna qabaa ijoollee dubartootaa waggaa sadii irraa eegalee akka raawwatamu dirqamsiisuu, umriin osoo hin gahin daa'imman heerumsiisuu. Dubartootaaf umurii 15 tti, dhiiraaf immoo waggaa 18 tti gaa'eela akka raawwatan taasisuun, ijoolleen dubartootaa umurii malee gaa'ela dhaabbatan abbaa manaa waliin hiikaaf saaxilamuu, adabbii miidhaa qaamaa qaqqabsiisuun raawwachuun, mana akka gadi lakkisan taasisuun, umriin isaanii kanneen waggaa 18 gadi ta'an mana gadi lakkisanii daandii irratti ba'uun.

Gaaffileefi deebiiwwan isaanii waliin

18. Wantoota balaa qaqqabsiisan irraa of eegannoo taasisuu jechuun maal jechuudha?

- A. Haala gaarii nama gammachiisan
- B. Haala yookiin bakka hojii of eegannoo qaban
- C. Haala yookiin bakka hojii nama gammachiisan
- D. Meeshaalee elektirikaa bifa sirrii ta'een fayyadamuu

Ibsa: Wantoota balaa qaqqabsiisan irraa of eegannoo taasisuu jechuun haala yookiin bakka hojii of eegannoo qabuufi balaa hin qaqqabsiifne jechuudha.

Deebii:B

19. Qajeelfama namni daandii irra lafa adeeman hordofuu qaban isa kamidha?

- A. Dawaa yeroon isaa darbe fuuchuu
- B. Daandii namaaf hayyamame (foot path) irra adeemuu
- C. Yeroo konkolaachisan uffata yookiin helmeeti (helmet) godhachuu
- D. Qabattoo teessoo konkolaataa hidhachuu

Ibsa: Namooni daandii irra lafa adeeman xiyyeeffannoo guddaa taasisuu kan qaban daandii namaaf hayyamamee (foot path) irra adeemuudha.

Deebii: B

20. Amalli dargaggoon hin agarsiisne kanneen asii gadii keessaa isa kami?

A.Ariitiin tarkaanfii fudhachuu

B.Amala baramaa hawaasa naannootti hin beekamne agarsiisuu

C.Miiraan guutamuun murtii adda addaa fudhachuu

D.Jeeqamoo ta'uu

Ibsa: Amalli dargaggootaa inni tokko ariifachuudha.Amalli dargaggoon hin agarsiifne amala baramaa hawaasa naannootti hin beekamne agarsiisuu kan jedhuudha. Kanneen hafan akka miiraan guutamuun murtii adda addaa fudhachuufi jeeqamoo ta'uun.

Deebii: B

4.5. Rakkoo Bulchiinsa Gaarii Ardii Afrikaa

- Bulchinsa jechuun adeemsa hojiiwwan adda addaa itti raawwatamaniifi murtoowwan fudhataman hojii irra oolaniifi hin ooliin hafanidha.Mootummaan immoo adeemsa kana keessatti gahee guddaa kan ba'uudha.
- Bulchiinsi gaariin amaloota,hirmaachisaa,waliigaltee qabu(consensus oriented),deebii ariitii kennu(responsive),humna qabu fayyadamuun hojii bu'a qabeessa raawwachuu,itti gaafatummaa kan qabu iftoomina(transparency),babal'ina malaammaltummaa kan balaaleffatu,yaada garee xiqqaafi bakka kan kennu,yaada garee yookiin hawaasa sababa qooddiin miidhamaa jiranii murtoofi hojii adda addaa keessatti hammachiisuu.